# 3-B. UWWITII FI BOFA

## Uumama 3

***Kha nam ilaalatu.***

Bofaati bineensa Waaqi uume ch'ufa ira malticha. Guyya tokko kha uwittin oobru kees jirtu, bofi iti d’ufe. Waan isiin jed'e, “Ila, d'uguma Waaqi, mukha oobru tana keesa jiru tokole inyaatina isaniini jed'e?”

Niitiini taani waan jetteeni, “Hiyyo, Waaqi ya nuun jed’e akka nu mid'aani mukha oobru tana keesa jiru kama feenu nyaannu, ammo mid'aani mukha wod'aka oobru keesa eju- kha waan dansaafi hamtu ch'ufa gargari nama hibachiisu inyaatina, yokhaani inqabatina, yo nyaattani indootani jed'e.

Bofi waan niitiini jed'e, “Hiyyo, akasiniti.  Waaqi imbeekha, aka guyya isani nyaattani, ilti teesani banamte, aka Waaqa taatani, waan hamtufi dansa gargari beetani.”

Duuba niitiini aka mid'aani mukha suni nyaataa dansatiifi ilaa mid'aago agarte, ammalle aka isaani hubacha namaa kennani d'ageennaani buqifte nyaatte d'iirsale kennite innileeni nyaate. Duuba worra lachu ilti banamte, aka qulla yaani ufi argani, obeensa wolti qabani qullaani d'ofatani.

***D’okhacha.***

Hojjum suni, Waaqa oobru keesa deemu d'agayani.  Jennaani utaalani mukha duubati d'okhatani. Waaqi namicha yaame, “Atini eesa jirta?” Jed'e gaafate.

Inni waan jed'e, “Anini ejata kanke oobru keesati d'agaye, aka qulla deemu ufi arge, duuba sodaad'e d'okhad'e.”

Waaqi waan jed'eeni, “Eenuti, qulla deemta siini jed'e? Atini mid'aani anini, inyaatina isaniini jed'e kaani ya nyaatte?”

Adamuuni waan jed'eeni, “Niituma atini wahela naa kennite taaniti natiini d'ufe na nyaachise.” Waaqi waan niitiini jed'e, “Wonti atini taate kunini maal?” Niitiini waan jetteeni, “Bofati na sobe jennaani nyaad'e.”

***Abaarsa, Naasu, Gargari bahiisa.***

Waaqi waan bofaani jed'e,” Waan atini akana taateefi, anini la si abaare! Atini garaani lafa ira Lutue haga jirtu ch'ufa biyye nyaatta. Anini nyaapumma siifi niiti tana jiddu khaya, ammalle d'aLutui keesanileeni jiddu khaya. Inni (Sanyiin isii) mata si ch'arase, atileeni hirba isa nyaatta.

Duuba Waaqi niiti abaare waan jed’eeni, “Hojja atini d'altu ch'ininfatte d'ukubsatta. D’araan tante akka d’iirsa keetin morkiti ammo inni si mohata.”

Waaqi waan namichaani jed'e, “Waan atini qonqo niiti teeti ch'aqafte, mid'aani mukha anini, inyaatini siini jed'e nyaatteefi, lafafi biyyeeni siifi abaaramti! Dukubsate damfitu male sagale keesa inyaattu, isiin hogorafi qoraati siti baafti. Duuba dote, biyyuma keesa baateti deebita!”

Hojja suni namichi niiti maqa Hawai baase, waan isiini haad'a nama ch'ufa taateefi. Waaqi goga bineensa fuud'e gaad'a mid'aaseefi uyiseefi.

Jennaani AABBO Waaqi waan jed'e, “Namichi kunini ya akuma keenna tahe waan hamtufi dansa gargari hubate. Tanaafi inni amma tana harka d'eerefate mid'aani mukha jireennaa buqise nyaate haga jiru jireenna jiraachuuni himmalle.” Tanaafi Waaqi namicha oobru keesaa gusse, fulo oobru Edeni keesa, malaika aflameedi bibillit'u ta gara ch'ufa martu kaye, aka akasiini wonti sunini kara mukha jireennati deemu eeddu.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu inhimnee gaafatan gumii gaafadhu akka akka worri lam lamaan wolhaasau.**

- Gaafa atin nama humna siini adaabuni qabu wo d’ositte irra herregi. Wonti sunini akkam si d’ageesifte?

**<u>ODUU</u>: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI:</u> Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (akka inni waan ch’ufa harka qabu, akka inni ch’ufa irra jiru, yokhan guddinna isa irra)**
    - Inni humnaafi angoo Adamuufi Hawai oobru Edeni keesa gussuni qaba.
    - Inni jabeenna ch’ubbuuni adaabuni qaba, kara worra abaare ammalle gusseen.
    - Akka nami mukha jireenna hinyaanne inni Maleeka mukha suni eedu tolche.
    - Inni ango seera nami jalaati bule ajajamuufi namaa tumuuni qaba.
    - Inni Sheetana irraati jabeenna isa abaaruni qaba.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch’ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch’ufa jiru irra maan himti?**
    - Waaqi akka isaan midhaan muka dhoowame suni nyaatan imbeekhe.
    - Worri Waaqa dura dhokhachu hindandeenne.
    - Waan yo worri mukha jireenna suni nyaatan iti taulle inni imbeekhe.
    - Inni akka uffati goga irra mid’aasan sunini worra qorqorate AMMALLE isa duraati fud’atama argatulle imbeekhe.

- **Oduun tunini qulqulooma Waaqa irra maan himti? (akka Waaqi kha dhugaa tahe, akka inni qajeela tahe, akka inni abba seera tahe, akka inni ch'ubbuu jibbu, akka inni gati ch'ubuu duisaan baasu).**
    - Waaqati seera tuma. Wonti dansaafi hamtulleni injirti.
    - Waaqi worra isaa ajajamu didu inadaaba. Gatiin chubbuu duiisa.
  - **Waaqi yo ajajamu d'abuuni "duiisati" nama geesiti yo jed'u maan jechuuti jira?**
  - Akka kara hafuuratiini Waaqaan gargari bahan.
  - Akka kara duisatiini Waaqan gargari bahan (Ammalle yo dootu biyeeti deebita).
  - Akka haga jiru jireenna galaana ibida keesati nama adaaban.
    - **Waaqi worraafi, lafaafi, bofalle inabaare.**
    - **Kara kamiin nu akka abarsi sunini haga arra nama dhiiraatifi kha uwwaalle harka qabu argina?**

      *(Rakkoon wold'aqiisa ta nama dhiiraatifi kha uwwa gidduu jiru (wal-diddaa, lola, jibbafi, hinaaffaafa) ch'niniisu male ilme ind'alani (dukkubaafi, dukkubiiifi, fayd'aba) danfaa (oolafi, beelafi, raako diinadee) suniifi rakko lafa seente heddu dhibi).*

- **Ato Adamuufi Hawa hojjuma suni hinduinille, akki dooti lafa seente immirkanaae. Malato dua maan arguuti jirta?**
  - Guyaan qara ka worri 1) ch'eere, 2) dokhate, 3) wolhaalatani amalle chubbu ufirra dhiiban, 4) worri ufumaani rakko ufi fala iti barbaadani (worri baala mukha ufiiti qabani qulla ufi d'offatani) fula sila guutuma guututi Waaqati hirkatan.
  - Abaarsi namichaafi niiti irrati d'ufe rakko guddo wold'aqiisa dhiirsafi niiti irraati fide; ch'iniinsufi dukkubi d'ala, akka danfani hojjatan male sagale inarganne, rakko hedduti lafa iraati d'ufe.
  - Worra oobru Edeni keessa gussani. Wold'aqiisi worri duri Waaqa waliin qabu, inchap'e.
  - Uffati Adamuufi Hawai qulla ufi d'offachuufi mid'aafatani Waaqa duraati fud'atamiisa inarganne. Nami tokolleen dandae ufiin akka fud'atamiisa Waaqa duraati argatu tolchu indandau. Nami tokolleen kha ch'ubbu ufi d'offachu dandau hinjiru.
  - Uffati Waaqa duraati fud'atamiisa qaabdu ta Waaqi woraa mid'aase ch'allaa. Uffati suni kara duisa bineensaa tokkootin dhufe. Bineensi ch'ubbuu namaa bakka bu'ee indu'e. Uffati sunini argamuufi d'iigati jige.

- **Oduun tunini TOLA-EEBA Waaqa (Naasu isa, akka inni namaan wolhaasau, arjooma isatifi dansooma isa) maanin garsiifti?**
  - Waaqi uffata fudhatamiisa qabu woraa kenne, ato woraa himalinillee. Inni bineensa tokko fula buuse ijeese sorio baase.
  - Waaqi hurree worra inijeemne.
  - Kara abaarsa bofaatini nu kakhu Baasaa kha inni sanyi niiti keessa bau arginna. Baasani muumme iraati marro tokkotu Sheet'ana dabsata, isa darticha suni, kha duisan d'ufe. Inni abaarsa Waaqi nama abaare suni injijiira.
  - Waaqi qommi worri araara galuuni kenneefi. (inni ato worra ingaafatinu, fula worri jiru imbeekhe, ammo qoommi worri araara gale wolaala ufi beekhe irra deebiu kenneefi.)
- **Oduun tunini amanamumma Waaqa irra maan himti? (Inni kha injijiiramne, Kha khaku ufi muummesu, kha jecha ufi guutu)**
  - Waaqi akka yo worri muka suni nyaatani dooti d'uftu imbeesise, akasuma worri nyaanan dooti d'ufte. Hojjuma suni worri hafuura keesa Waaqan gargari bahani, duuba worri du'a fooni duani.
  - Waaqi kakhu dufaansa Baasa galee, Sanyii niiti keesa baatu ta mata Sheetana ch'arasitu, ammalle akanaani akka abaarsa nama iraati labsani gargalchu.

<u>**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**</u>

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
  - Ilmeen nama marro naasu Waaqatiifi, uffata goga bineensa argatte, qoommi ch'ubbu ufi irra deebituufi, kakhu dufaansa Baasaa argate.
- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**
  - Worri akka akka Waaqa tau fed'anifi ilaalacha seenani. Nami ufguddisuufi ufuumaa qaba; aangoo Waaqa hubachu dad'aba.
  - Worri ch'eere, Waaqa dura d'okhachu iti gamani.
  - Worri wolaala ufiiti himmurre ammo woluma haalatani.
  - Uffata baala muka uffatani akanaani rakko ufii ufumaan fala iti barbaadu iti gamani, fula Waaqati d'aabatan.
  - Nami tolche akkanaani dooti lafa seente (Binensilleen du'u jalqabe).

- Akheekhi akka dooti (Waaqaan gargari bauu) lafa seente akka wonti chufti hammaate: Ch'eera, d'okhachuufi, wolhaalachuufi, ufiin fala barbaaduufi (baala mukha ufiit qabani). Armaan durati worri guddo Waaqati hirkata.

- **Arra wonti kunini kara kamiin nu dalamsiti?** Ijoollen Adamuutifi ta Hawai oobru Edeni keesati d'alate? Ijollen worra ho? Abaaboti teesani ho? Atin ho? **Atin eesati d'alate, oobru sun kees mo ala?**

- Nuuni ch'ufti oobru suunin alati d'alanne, maati Waaqatiin alati d'alanne, wold'aqiisa Waaqatiin alati d'allanne. Nuuni ch'ufti bifa badi ch'ubbu keesatin d'allanne.

- **Arra akheekha abaarsa Waaqa nama dhiiratiifi kha uwwa keesati argita?** Nami uwwa haga amma inch'iniifata? Nami haga amma damfe sagale nyaate male dandae liqimsa inargata? Rakko heddu lafa tan iraati arganna? Ta akkami fa?

- **Oduun tunini akka Waaqi namaa feesisu kha irre ufiitini nami ufi baasu hindandenne maanin garsiifti?**
  - Waaqi uffata worra indide. Isuma ch'allaati kara nami dandae fud'atamiisa argatuuni dandae namaa kenna.

**<u>Oduu BAFAMA tan irra maan baranna? (Nami akkamiin Waaqati d'ufa?)</u>**

- Baafami kara Waaqa qofaan dhufa. Akki worri irre ufiitini rakko ufi fala iti barbaadan hintaane. Waaqi uffata worraa male kenneefi. Waaqi uffata worraa uffise. Nami ufdiqeesse ammalle qarqaarsa Waaqa fudhachuu male.

- Waaqi soorio dhiiga ta duisa bakka buutu, kenne.
  - Nu kara jigaansa dhiiga ch'allaani fudhatamiisa arganne. Dhiigi bineesa ijeefame akka worri fudhatamisa argatan tolche.
- Tunini waan dufaansa Baasa himti, kha dhiiga isa nama ch'ufaa jissu.
- Hujiin nama akka araara galani ammalle Waaqati abdatani akka kakhu Baasaa sun dhugeefatani.

**<u>Oduu tan keessa waan Seetana bofa irra maan baranna?</u>**

- Sheet'ani Waaq jibba. Inni nama jibbe ballessu fed'a. Inni dharticha kha dhara dhuga fakkeesse, akka ilmeena nama ufiit dhaabattu ilaalate, shakka qalbi nama kees kaau. Inni namichaafi niitillee t'uruura kaaefi, Waaqan dharticha jed'e, dhuga jijiire hameenna Waaqa mullisu itigame. Ilaalachaan duri Sheet'ani jigeen sunuma.

**<u>Gaafi ballinaani Huji irra oolchuu malan:</u>**

- Ato akka Waaqi waan ch'ufa beekhu argineellee, nu ch'ubbuu teenna Waaqafi nama dhibille d'ossu iti gamna. Nu "Baala mukha" fa woltiwamne ufiit qamna akka ch'eerafi wolaala keenna d'ossine fud'atamiisa barbaannu. Karaan nu (akka dhugeefatoota) Waaqa irra D'OKHANUUN kami fa?

- Wolihaalachuufi nama dhibiin wolbira ufqabu, sobaafi hami qabaachu.
- Karaan Sheet'ani arra namaan sobu kami fa? Aadaafi olla kanke keesati ho?
- Nu yo gari kara kamiiini "fula Waaqa fudhachuu" iti gamna yokhaan waan mataan nu madde taana?

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**</u>
(Gaafi tan keesa tokko yokhaani lama filadhu, adda iti d'aabadhu)

**Kara kamiini atini ch'eera kanke d'offachuufi baala ufiit qabde Waaqa jala DHOKHACHU iti gamta? Oduun** tunini kara kamiini akka atini fula d'ossaa suni baatu si qarqaarti?

- **Sheet'ani kara kamiini yo gari si soba? Waan Waaqa taanan yokhaan jireenna kanke taanan, kara kamiini akka atin isa dhugeefattu inni si ilaalate?** Kara kamiini jireenna kanke keesati akka fula Waaqa fudhatu ilaalatamte? Atin kara kamiini araara galu malte?